


Maaliif talaalamnaa?



Talaalliin COVID-19 miidhaa-maleessaa fi bu'a-qabeessa. Namoonni tokko talaalliima booda COVID-19n haa qabaman iyyuu malee, baay'ee dhukkubsachuu irraa ykn yoo COVID-19 isin qabe hospitaala seenuu irraa isin eega.

Talaallii fudhachuun balaa dhibee sanaan qabamuu keessanii ykn vaayirasicha nama biraatti dabarsuu keessanii ni xiqqeessa. Kun namoota hanga ammaatti talaallamuu hin dandeenye, kanneen akka ijoollee xixiqqoo dhibecharraa ittisuuf barbaachisaadha.



Kun hospitaalonna namoota hundaaf siree ga'aa qabaachuu isaanii mirkaneeffachuuf illee isaan gargaara, akkasumas namoonni kunuunsi atattamaa isaan barbaachisu atattamaan argachuu danda'u.